Til deg som har fått beskjed om å være hjemme i isolasjon, karantene eller ventekarantene
Språk: Oromo

Opprettet: 03/2020 Oppdatert: 28.03.21

Manatti kophaatti of baasuun, of kophxeessuun yookan kophaatti baasicha eeggumsaa akka sirra jiraatu yoo sitti himame

Namootni vaayirasii koroonaa (COVID-19) qaban hedduun mallattoo sassalphaa qabaatu, garuu muraasni baayyee dhukkubsachuu fi du'us danda'u. Sababa kanaafidha kan nuti faffaca'iinsa vaayirasichaa hir'isuuf yaalaa jirruuf.

Faalama gara fuulduraa hir'isuuf, namootni vaayirasii koroonaa qaban dirqama namoota biroo irraa adda ba'uu qabu. Namni vaayirasicha qabaachuun isaa amaname hunduu kophaatti of baasuu qaba.

Of kophxeessuun filannoodhaanii miti. Haakima yookan magaalaa keessa jiraattuun kophaatti of baasuun akka sirra jiraatu yoo sitti himame, gorsaa fi seera isa kanaa dirqama hordofuu qabda. Namni kanaaf hin ajajamne kamiiyyuu adabamuu yookan hidhamuu mala. Yookan immoo utuu seeraan hin dirqisiifamin mana akka turtuuf gaafatamuu dandeessa.

Of kophxeessuun maal jechuudha?

Yoo vaayirasii koroonaa qabaatte, akka kophaatti baatuf gaafatamta. Kana jechuun namoota biroo bira gahuu hin qabu jechuudha, nama wajjiin jiraattuus dabalate. Daree keessa ofii keetiin turuu danda'uu qabda, daree kana keesssa turuu, yoo danda'ame mana dhiqannaa, fincaanii yookan alwadaa waliin fayyadamuu hin qabdu. Alatti gadi bahuu hin dandeessu. Daa'imman xixiqqoon yookan namootmni gargaarsa barbaadan eeggumsa baratamaa argachuu qabu.

Iddoo kophaatti of baasudhaaf mijatu hin qabdu taanaan, magaalaan bakka biraa barbaachudhaan si gargaaruu danda'a.

Hanga namoota biraa faaluu akka ati hin dandeenye haakimni sitti himutti of kophxeessuun itti fufa. Yoo baayyee si dhukkube fi gargaarsa fayyaa barbaadda ta'e aakima yookan kilinikii dhimma hatattamaa (bilbila 116 117) irratti qunnammi. Namootni muraasni baayyee dhukkubsatanii mana yaalaa dhaquun irra jiraata. Kana haakimatu murteessa.

Vaayirasii koroonaa akka qabdu yoo sitti himame, magaalaan "hordoffii qunnamtiitif" siif bilbilu. Kuni faalama dhaabsisuudhaaf barbaachisaadha. Namni ati wajjiin jiraattu kamiiyyuu, fi namni ati dhiyeenya itti dhiyaatte kamiiyyuu, dirqama kophatti of baasuu qaba.

Magaalaan dirqama iccitii eeguu qaba. Wal hubachuun keessan baayyee murteessaadha, kanaafuu gaaffii qabda taanan gaafadhu. Afaanicha hubachuun yoo sitti ulfaate nama afaan siif hiiku gaafadhu, bilasa.

Kophaatti of baasuu jechuun maal jechuudha.

Faalamaaf saaxila baatee jiraachuun kee yoo sitti himame, dirqama kophaatti of baasuu qabda. Haalli wal fakkaataan biyyoota biroo irraa gara Norway imalte yoo ta'e hojirra oola. Kophaatti of baasuu jechuun dirqama namoota biroo irraa qaamaan fagaachuu qabda jechuudha, kanneen wajjiin jiraattus dabalate. Kan adda ta'u yoo daa'immanii fi namoota gargaarsa barbaadan kan eeggumsa baratamaa barbaadan ta'eedha.

Til deg som har fått beskjed om å være hjemme i isolasjon, karantene eller ventekarantene
Språk: Oromo

Norwegian Institute of Public Health

Opprettet: 03/2020 Oppdatert: 28.03.21

Yeroo gara Norway dhufanitti, namootni hedduun guyyoota dheeraadhaaf hoteela kophaatti of baasichaa keessa turu, kana immoo ofii isaaniitii kaffalu. Manatti kophaa of baasuu irra turta yoo ta'e, mana dhuunfaa keetii qabaachuun barbaachisaadha, fi yeroo kannneen biroo achi jiranitti manneen waliinii hin fayyadamin. Bakka ati jiraattutti kuni hin ta'u taanan, bakki biraa kan turtu, kan akka hoteela tursiisaa, siif kennamuu danda'a.

Mana barnootaa, hojii fi gochaalee biroo deemuun sirra hin jiraatu.

Geejjiba hawaasaa (baasii, tiram, baabura, xiyyaara fa'a) fayyadamuu hin dandeessu.

Ala keessa kophaa kee adeemuu ni dandeessa, garuu kanneen biroo irraa meetira 2 fagaachuu qabda.

Namootni biroo akka siif bitaniif yookan nyaata manatti siif dhiyeessaniif gaafachuu ni dandeessa. Nyaata yookan dawaa dirqama bitachuu qabda yoo ta'e, namoota biroo irraa fagaadhu yookan maaskii fayyadami.

Yeroo kophaatti of baasuu jalqabduu fi kophaatti of baasuu xumurtu qoratamuu qabda, fi akkasumas mallattoo vaayirasii koroonaa qabaatta ta'e. Qorannoon vaayirasii koroonaa bilisa. Yeroo tursiisa keessajirtutti mallaattoo vaayirasii koroonaa qabaatta yoo ta'e, tarii faalamtee jirta ta'a. Hanga bu'aa qorannoo argattutti dirqama kophaatti of baasuu qabda. Yeroo bu'aa qorannoo kee eggattutti si dhukkuba taanan yookan gargaarsa eeggumsa fayyaa barbaadda yoo ta'e haakima kee qunnami.

Kophaatti of baasuun erga gara Noorway seentee yookan erga faalamaaf saaxilamtee booda baratamaadhaan guyya 10f tura. Erga seentee yeroo guyya 7 dura hin taane keessatti yookan erga saaxil baatee booda qoratamtee bu'aa negatiivii argatta ta'e, fi mallattoo hin qabdu taanan, kophaatti bahuun ni hafa.

Kophaatti of baasichi eeggumsaa maali?

Nama itti dhiyaatee ture wajjiin jiraatta yoo ta'e, hanga namni itti dhiyaatte sun bu'aa qorannoo negatiivii argatutti atis kophaatti of baasicha keessa turuu qabda. Namni ati qunnamte bu'aan qorannoo isaa kan jalqabaa negatiitiidha yoo ta'e, kophatti of baasuu keessa turuun sirra hin jiraatu. Bu'aan qorannoo nama ati qunnamtee pozatiidha ta'e, kophaatti of baasuu guyyaa dheeraaf turu (olitti ilaali) keessa turta.

Namni ati itti dhiyaatttu kan umriin isaa waggaa 2 gadii yoo ta'e, yookan sababa biraatiif qoratamuu hin danda'u yoo ta'e, erga namni itti dhiyaate sun qoratamee guyyaa 3 booda qorannoo taasisuudhaan tursiisa addaan kutuu ni dandeessa. Yeroo namni ati itti dhiyaatti kophaatti of baasicha isaa xumuratu atis kophaatti of baasicha eeggumsaa xumuruu ni dandeessa

Namni ati itti dhiyaatte utuu kophaatti of baasanii jiranii mallattoo agarsiisu taanan, faalamanii ta'uu mala. Namni nama itti dhiyeenya qabu wajjiin jiraatu kamiiyyuu hanga namni suni bu'aa qorannoo negatiivii argatutti kophaatti of baasuu qaba.

Tursiisa eeggumsaa keessa jirta yoo ta'e, akkuma nama kophaatti of baasuu irra jirutti gorsa wal fakkaataa hordofi. Kana jechuun dirqama mana turuu, ga'eessotaa fi daa'imman si wajjiin jiraatan irraa fagaachuutu sirra jira jechuudha.

Odeeffannoo argadhu!

Til deg som har fått beskjed om å være hjemme i isolasjon, karantene eller ventekarantene
Språk: Oromo

Opprettet: 03/2020 Oppdatert: 28.03.21

Mootummaan namoota Noorway keessa jiraatan kamiiyyuu odeeffannoowwan barbaachisaa waa'ee vaayirasii koroonaa www.fhi.no fi www.helsenorge.no irratti akka dubbistaniif gaafatu. Gorsi yeroo hedduu jijijjiiramuu mala. Odeeffannoon kuni afaanota hedduun argama. Gorsi magaalotaan adda adda ta'uu mala. Kanaafuu akkaataa magaalaa keessa jirtuu irratti odeeffannoo haaraa argachuun barbaachisaadha. Odeeffannoo sana hubachuu irratti rakkoo qabda taanan, akka siif hiikuuf nama wa'ii gaafadhu.